ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT **ةهبـج ريرحــت أ مورو و**

Onkoloolessa 31, 2009

Ibsaa fi labsa Tokkoomuu Jaarmayoota, Gurmuulee Fi Qabsaa'ota Walaba Oromoo

Bakka bu'oonni Jaarmayoota fi Gurmuulee Walaba Oromoo shan keessatti ijaaramnee socho'aa turre Onkololeesaa guyaa 27 haga 30 sirna walg'ii gurmuu Oromoo deebisaani ijaaruudhaan qabsaa'oota jaarmayaa fi hooggana waraaqaa tokko jalatti gurmeesudhaaf godhame irraati argamudhaan walitti gad-yaanee ABO keessatti hirirudhaaf murteefachuu keenya ummata keenyaaf labsina.

Baroota dheeraaf digumsaa fi fafacaa'ina qabsaa'oota Oromoo irra ga'e dachaasudhaan gurmuu qabsa'ootaa deebisaani ijaarudhaaf tarkaanfii duraa fudhachuudhaan seena qabsoo Oromoo fi ABO keessaatti boqonnaa harayaa jalqbamuu isaa ummata kenyaa fi qabsaa'oota Oromoo manoota hidhaa keessatti dararamaa jiran, missesoota WBO lubbuu isaanii bakka bu'aa hinqabne ummata isaaniif laachudhaaf dirree qabsoo keessatti tarree galanii jiran fi afaan diinaa keessatti wareegama barbaachiisu baasudhaaf qabsa'aa kan jiran hundaaf yeroo ibsinu gammachuu guddaadhaani.

Nuti qabsaa'oonni Oromoo kanneen miseensota dhaaboolii fi gurmuulee Oromoo walaba jalatti hiriirree qabsoo bilisummaa ummataa fi walabummaa Oromiyaa mirkaneesudhaaf qabsa'aa turree guyyaa haraatii kaasee dhaaba keenyaa ABO deebifnee mana qabsaa'oonni Oromoo hundi hooggana tokko jalatti itti hiriran gochudhaaf karaa saaqnee jira.

Diigumsa mooraa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti baroota dheeraaf deemaa turan dachaasudhaan gurmuu qabsa'ootaa deebisaanii ijaaruun:

- Gaaffii ummata Oromoo deebisuudhaan jaarmayaa fi hoogganii jaarmayaa ummata giddutti argamee qabsoo geggeessu dandeessisu utubudhaaf balbala kan baanu waan ta'eef ;
- Jaarmaya ummata ijaaree, ummata ijaarame keessatti socho'ee, hoggonumaan qabsoon ummanni Oromoo abbaa-biyyummaa isaa deeffachuuf godhu geggeessee milkeessuu utubuu waan dandeessisuuf ;
- Tattaaffiin qabsaa'oonni Oromoo, miseensotaa fi ummata Oromoo waggoota dheeraaf dhaaba isaanii ganamaa (ABO) keessatti jijjiirraa hundee argamiisuun haaromsuu fi humneessuuf godhan yeroo dheeraa fi wareegama guddaa kafalametti firii waan argamsiisuuf;
- Hoogganaa, sirna jaarmayaa, fi aadaa hujii haarawaa ummata Oromoo sochoosuun akeeka bilisummaa galmaan gahu utuubuu waa dandeesissuf;
- Daandii, aynaa jaarmayaa fi hoogggana haala ammaa kana keessatti qabsoo fininsee milkeessuu dandeessisuu horachuuf xurree waan taraaruuf;
- Abdii ummanni Oromoo qabsaa'ota fi jaarmayoota Oromoo irraa qabu injifannoo ifaa dhabuu irraa happhachaa dhuufee, hirdhina jaarmayaa fi hoggonaa qabsicha sakaalan irraa furuun deebisee ummatichaa waan hamilchiisu waan ta'eef;
- Hundee qabsoo keenyaa kan ta'e tokkumma ummata keenyaatti utubaa sibilaa itti godhuu waan ta'eef;

Hunda caalaa qabsaa'ota Oromoo walitti araarsee kaayyoo ifaa, jaarmayaa tokkoo fi hooggana tokko jalatti taliguu fi ummata Oromoo tokkummaadhaan qabsootti hiriirsuu akka ta'e qabsaa'ota har'a gurmuu kana keessatti qooda fudhatanii fi kan boru waliin gurmuu kana bali'fnee gabbifnu hundaafuu ifaa akka ta'e ni hubanna.

Kaayoo, akeeka fi safuu gurmuu qabs'otaa

ABO gurmuu qabsaa'otaatin dhinsamee fi haaromee utubamuu qabsaa'ota Oromo dammaqsee, ijaarudhaan qabsoo bilisummaa Oromoo hogganee geeggesudhaan bilisummaa ummata Oromoo irratti hundaa'ee Oromiyaa walaba taatee ijaarudhaaf hojjeta.

ABO fi qabsaao'onni Oromoo ABO jalatti gurma'aan waadaa ummata Oromoo bilisummaa gonfachiisuuf seenan fixaan baasudhaaf wareegama barbaachisu hunda ummata dura deemanii baasudhaaf kan dhaabatan ta'uu isaa mirkaneessina.

ABO fi miseensoonni isaa hunduu safuu tokkummaa ummata Oromoo, biyya Oromoo fi hiree ummata Oromoo irratti hundaa'udhaan, qabsoo geeggeessan keessatti:-

kutannoo kaayyoo dhaabaneefif wareegamuuf qabnu,

jaalala ummata, gootootaaf, jaallan qabsoo hundaaf qabnu,

kabajaa qabsaa'oonni waliif qabnu, wal amantaa fi gurmuu tokkoon wal bira dhaabachuu, kabajaa ol'aanaa jaallan wareegamaniif qabnu,

Murtii daandii qabsoo geeggeessinu milkii maddisiisan arreediin (shaffisaan) murteessuun kaayyoo dhaabbanneef fiixaan baasudhaaf sochoo'uun safuu ittiin masakamnu akka ta'an mirkaneessina.

Waamicha

Yeroon amma keessa jirru kun Qabsaa'oonni Oromoo diiggaa mooraa qabsoo keessatti dagaagee, qabsoo ummatichaa qancarse keessaa ba'udhaan diigamsa turee dachaasudhaan gurmuu qabsaa'ota deebisaanii ijaarudhaaf yeroo tarkaanfii duraa fudhachuutti ka'anidha.

Yeero qabsaa'oonni dhaaba isaanii ganamaa -ABO - dhiinsuu, haaromsuu fi humneessuun dubbii boriif jedhan akka hin taane hubatanii kara karaadhaan mooraa QBO keessatti dada, waliigaltee, fi tokkummaa kaayoo dhugaa irratti hundoofte argamsiisuudhaaf sochitti jirani.

Yeeroon kun jaarmayaan meeshaa qabsoo ittiin geggeessaniin ta'uun hubatamee, dhaloota Oromoo gaaddisa Oromummaa jalatti dhalatanii guddatan dirqama jaarmayaa keessatti hirmaachuuf yeroo balballi saaqame.

Yeeroon kun yeroo hooggantootaa fi qabsaawonni Oromoo waadaa fi ba'aa ulfaataa seenaan itti kenname waloon baadhachuudhaaf gidaaraan jaarmayaa osoo isaan addaan hin ittisin wolitti dhufanii QBO humneessuudhaaf murteeffatani.

Kannafuu:

1. Gurmuu qabsaa'otaa deebifnee ijaarudhaan ABO jaarmayaa qabsaa'onni Oromoo bilisummaa ummata Oromoo fi walabummaa Oromiyaaf dhaabbatan waliin deebisaani dhinsanii fi haaromsan akka ta'uu waadaa galee irra deebinee haaromsina. Jaarmayoonni, gurmuulee fi qabsaa'onni Oromoo kan walitti makamamuu kanarratti hin argamin fi qabsaawooni dhuunfaa kaayoo ququlluu kana hubatanii daandii eebifamaa jalqabame kana akka waliin baliifnee gabbisnu waamicha goona;
2. Ummanni Oromoo kan biyya keessaa fi biyyoota alaa jiraatu, jaarmayootaa fi qabsaawonni Oromoo marti qabsaa'oonni Oromoo gaadisa tokkumaa jalatti gurmaawanii irree qabsoo bilisummaa Oromoo humneessuun sirna kiyyoo gabrummaa dhabamsiisanii guyyaa ummannii Oromoo mootummaa bilisummaan utubatu, nagayaa fi badhaadhinaan jiraatu argamsiisuu irratti qooda gahaa akka kennan waamicha goona;
3. Qabsaa'oonni Oromoo haala adda addaatti dhaabaa ala ta'an yeroon ammaa kun yeroo gurmoofnee saba keenya qaanii fi badii irraa oolchuun fi Oromootti kabajaa horru waan ta'eef qurmuu qabsaa'ootaatti deebi'anii hirmannaa isaanii akka gumaachan gaafanna;
4. Kaayoo dhugaa ka qabannee kaane kanaa fi karaa eebifamaa tokkummaa qabsaawoota Oromoo ka filanne kana fashalsiisuuf ykn faallessuuf diinni halkanii fi guyyaa akka hojjatu hubattanii damaqiinsaan waardiyaa tokkummaa qabsaawoota Oromoo akka taatan ummata keenyaa fi qabsaawoota hundaaf waamicha lammummaa sabaa goona;
5. Ummata keenyaa fi qabsa'oota Oromoo hundaaf ammas iraa deebinee kan hubachiisu feenu diigama gurmuu qabsaa'otaa baroota dheeradhaaf ittii fufee dachaasuuf, gurmuu qabsaa'otaa deebisaani ijaaruun murti keenya kan tarsiimoo akka ta'ee fi hanga qabsaa'oonni Oromoo hundi gaaddisa jaarmayaa fi hoggana tokko jalaatii hirriraaniitti murannon kan irratti hoojjeennu akka ta'ee hubachiifna.

Injifannoo Ummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Tokkummaa, Bilisummaa fi Walabummaa ti!!

Ibsaa fi labsa Tokkoomuu Jaarmayoota, Gurmuulee Fi Qabsaa'ota Walaba Oromoo